Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Isaayyaas Fuuldura Arguu Isaa



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Jonathan Hay

Kan dagaagsame: Mary-Anne S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Isaayaas raajiidha. Hojiin isaa waan Waaqayyo jedhe sabatti dabarsee himuudha.



Sabin yeroo hunsumaa sagalee Waaqayyoo dhaga'uu hin barbaadan, garuu Isaayaas aaqayyoon dagatee hin beeku. Isaayaas bara mootota garagaraa sagalee Waaqayyoo lallabe.



3

Mootiin Uziyaa lafa Yuudaa magaalaa Yerusaalemiin bulche. Jalqabatti waan Waaqayyotti tolu waan inni hojjeteef Waaqyyo Uziyaa eebbise. Garuu Uziyaan jejamuu irraa kan ka'een Waaqayyoof abboomamuu dhaabe. Lamxaa'ee utuu kophaa isaa jiraatuu du'e.



4

Mootiin Uziyaan waggoota 60f mootii ture. Yeroo du'u ilmi isaa Yotaam bakka isaa dhaaluun waggoota 17 mootii ta'e. Isaayaas fi raajota biroon waan Waaqayyoon dubbatame waan dhageeffatuuf Waaqyyo Yotaamiin eebbise.

5

Ilmi mootii Yootaam Ahaazi. Yerusaalem keessatti mootii ta'uu kan eegale utuu waggaa 20 ta'ee jiruu waggoota 16f mootii ta'ee bulche. Ahaazi waa'ee Waaqayyoo dhimma hin qabu ture.



6

Waaqa tolfaamaa fi waaqolii sobaa in waaqesssuun namootin Waaqayyoo baayyeen isaanii akka isaa akka ta'an taasise. Isaayyaas isa akeekkachiise. Ahaaz akeekkachiisa Waaqayyoon dhaga'uu dide. Waggaa 35nitti du'e.



7

Waaqolii tolfamaa fi waaqa sobaa ta'an haxaa'ee waan balleesseen Waaqa dhugaaf akka waaqeffamu taasifnaan Waaqayyo mootii isa itti aanu Hisqiyaasiin in eebbise. Yeroo loltooti diinaa Yuhuudaa weeraran, loltooti Hisiqiyaas laafoo ta'uun akka hin injifanne in beeka ture. Gargaarsa Waaqayyoo akka kadhatuuf Isaayyaasiin gaafate.

8

Isaayyaas mootiitti ergaa erge. "Kun waan Waaqayyo jedheedha: diina kana hin sodaatin…… akka inni kufuuf sababa na godha……." Akkuma sanaan, utuu Hisqiyaasiin hin weerarin gadhiisanii akka ba'an Waaqayyo taasise.

9

Sabin isa waliin jiran waa'ee Waaqayyoo baayyee yaaduudhaa baatanis, Isaayyaas waa'ee Waaqayyoo baayyee isaan barsiise. Guyyaa tokko mul'ata qaba, abjuu nama hirafinee. Mul'ata isaan, Isaayyaas Waaqayyo Waaqa araara qabeessaa fi Waaqa qulqulluu ta'uu arge.

10

"Eenyuun ergu?" jechuun Waaqayyo mul'iticha keessatti gaafate. "Asan jira. Ana ergi," Isaayyas deebisee. Bakka Waaqayyo itti erge hundumaa dhaqee waan fedha Waaqayyoo ta'e hundumaa raawwachuuf fedha qaba.

11

Isaayyaas, Waaqayyoo biyya fagoo bakka sabin waa'ee Waaqayyoo hin dhaga'initti kan isa ergu itti fakkaate ture. Garuu Waaqayyo akkas hin goone.



12

Biyyaa isaa keessatti sabuma isaatti akka dubbatuuf Waaqayyo Isaayyaasitti hime. Waaqayyo cubbuu isaan hojjetanitti aaree akka jiru akka itti himu Waaqayyo Isaayyaasitti hime.

13

Waan biraa Isaayyaas saba isaatti himu qabu – waan gaarii waa'ee nama jabaa ergaa dabarsuu fi diinaa fi cubbuu isaanii hundumaa irraa oolchuu.

14

Sabin Israa'el nama kanaan "Masihii" jedhanii waamu. Waaqayyo masihii akka ergu utuma beekan illee, namootin baayyeen akka inni tasuma hin dhufinitti jiraatu.



15

Waa'ee masihii wanti Isaayyaas dubbate hundumtuu macaafa isaa keessatti barreeffamee jira. Waa'ee waantota kanaa waggoottan dhibbaan lakkaa'aman dura barreefamanis ta'aniiru, waantoti hundumtuu waa'ee Masihii Isaayyaas dubbate dhugaa ta'eera.



16

Waaqqyyoumti ofi isaa mallaattoo akka laatu Isaayyaas dubbateera.

"Durbummaan ilama hindeessi maqaa isaa Amaanu'eel jettee inni mogaafti."

17

Namootin isa Isaayyaas dubbatu sababa dubartii durbummaan mucaa deessuu Masiihii Waaqaa ta'u durbummaan utuu jiruu akkamitti ta'a.

Akkasumas Maqaan isaa "Amaanu'eel" jedhu hiikaan isaa Waaqayyo nu wajjin jira jechuudha.

18



"Mucaan nuuf dhalate, mucaan nuuf laatame; mootummaan isaa gateettii isaa irra jira. Maqaan isaa Gaarii, Gorsaa, Waaqa guddaa, abbaa jireenya barabaraa, mootii nagaa." Kanaaf waadaa Waaqayyoo karaa Isaayyaas dubbatame hundumtuu dhugaa ta'e. Erga inni dubbate taateen sun qabatamaatti waan raawwateef wanti ta'e hundi raajiidha.

19

Masichi guddaa fi waan guddaa kan raawwatu jechuun Isaayyaas dubbate. Masiichi qoramee du'aaf dabarfamee akka laatamu Isaayyaa akka sabatti himuuf Waaqayyo Isaayyaasitti itti hime. Isaayyaas Masiin guddaa, humna jabeessa fi dadhabaa ta'ee madaa'uu dinqissifate.

20

Masiin dhufaa jira - saba Yerusaalem qofaa miti. Masii ifa biyya lafaa akka ta'e Waaqayyo Isaayyaasitti hime. Saba biyya lafaa Israa'eliin hin ta'in hundumaaf jechuudha. Waaqayyo nama hundumaa jaalata Masiin isaa dhufee nama hundumaa in eebbisa, hamma dhuma biyya lafaatti fayyina in fida.

21

Isaayyaas Fuuldura Arguu Isaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Isaayyaas 1, 6, 7, 9, 53

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

22

Xumurameera

27

60

23

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16

24